Qajeelfama

Warri dursanii galmaa'an bakka Filannoooatti utuu hin argamin akkataa itti filan

Waan si barbaachisu:	▪ Waraqaa Filannooo* ▪ Poostaa Filannooo bifa daalacha* ▪ Poostaa mallatoo adii* ▪ Poostaa adii guddaa keessa keesse ergitu* *Yoo waan kana keessaa hira'ate qon-daala filmataa naana kee adaraa quunami.	▪ Qalama guraacha ▪ Lakkoobsa waraqaa eenyummaa kee Lakkoobsa heeyama konkolaataa ittin oofan kan Minnesota, waraqaa eenyummaa Minnesota, ykn lakkoobsa arfan dhumaa sooshal sakuritii kee. *Yoo lakkoobsa kana hundaa hin qabdu ta'e kan kanaa gadiitti jiru ilaali.* ▪ Dhuga baatuu Minnesota keesatti filuuf nammi galmaa'e kammiyyuu *haadha warra kee dabalatee ykn fira,* *ykn* (ragaasiftuu) nootarii uumataa, *ykn* nama kaksiisuuf aboon kennameef

❶ Fili!



- Dhuga baatu keetti waraqaa Filannoo kee itti hin katabamin itti agarsiisiiti qofaatti nama filtu fili.
- Qaceelfama warqaa Filannoooa irra jiru hordofi.
- Maqaa ykn lakkoobsa waraqaa eenyummaa kee waraqaa Filannooo irrati hin katabin.
- Nomoota filuun hayyamame caala hin filin. *Yoo kana goote filmaati ati nama kanaa goote hin lakaa'amu.*
  Yoo dogoggora goote duuba waraqaa Filannooo kanaa ilaali.



❷ Waraqaa Filannoooa kee poostaa daalacha keesa kaa'iiti cufi ykn qadaadi.

- Poostaa kana irrati hin katabin.

❸ Poostaa isa daalacha kana poostaa mallatoo isa adii keessa kaa'i



❹ Poostaa mallatoo isa adii irra kan jiru guutummaati guuti

- Yoo teesoon itti maxxanfamu hin jiru ta'e, maqaa fi teeso kee Minnesota itti katabi.
- Lakkoobsa heeyama konkolaataa oofu Minnesota, lakkoobsa waraqaa eenyummaa Minnesota, ykn lakkoobsa dhumaa arfan sooshal sakuritii kee katabi.
  Lakkoobsa waraqaa Filannoo kallatiin bakka Filannooti utuu hin argamin filan iyyana galchite irrati katabdeti dhimma ba'uu kee merkaneefadhu.
  Yoo lakkoobsa kana hin qabdu ta'e, saanduuqati mallattoo godhi.
- Kakaa kee dubbisii mallateesi.
- Dhuga baatota kee akka isaan maqaa fi teesoo isaanii kan Minnesota, magaalaa dabalate (teesson sanduqa poosta hin ta'u), akka isaan katabanii maqaa isaanii mallateessan gaafadhu.
  Yoo dhuga baatuun kee qondaala Ykn ragaasiftuu (nootarii), ta'e qooda teeso aboo saanii katabuu qabu. Ragaasiftuun (nootarii) chaaphaa itti Kaa'uu qaba.
- Poosticha cufi ykn qadaadi



❺ Odeeffannoo iccitaa kee akka hin argamnetti poostaa mallattoo poostaa isa adii isa guddaa keessa kaa'i.

- Poosticha cufi ykn qadaadi.



❻ Waraqaa Filannoo kee hamma Guyyaa Filannooti teesoo poostaa akka ittiin deebistuuf si kenname irra jiruti deebisi. Waraqaa Filannoo bakka ati itti filtuti hin kennamu ta'a.

Filannooo sadii qabda ta'a:

- Akka inni Guyyaa Filannoo dura ga'utti karaa mana Poostaa U.S ykn tajaajila warra geesaniiti dhim-mi ba'uun,
- Guyyaa Filannoo dura kallattin geesi ykn hanga sa'a 3:00wb Guyyaa Filannoo. Ykn,
- Nammi biraan Guyyaa Filannoo sa'a 3:00wd akka siif geessuu gaafadhu.

Nammi kun waraqaa Filannoo sadii oli geessuu hin danda'u.



Yoo hiri'ina qaamaa qabaatte qajeelfama addaaf duuba isaa ilaali.

Haala bakka Filannooti utuu hin argamin filuu kee hubachuuf, www.mnvotes.org ilaali.

Dogogora qajeelchuu



- Yoo yeroon jiraate, waajjira Filannoo kee waraqaa Filannooo haaraa gaafadhu. Ykn,
- Maqaa nama dogogoraan filtee dalga irra kutiiti nama filuu barbaadu mallattoo itti godhi (isa sireesiteti hin mallatteesin).

Yoo hirina qaamaa qabaatte:

Yoo hirina qaamaa qabaatte ykn waraqaa Filannoo keeti katabuu dadhabde, dhuga baatuun kee geggeessaa keen mallattoo itti si gochuu, waraqaa sirrii si galchuu, unkaa guutuun si gargaaruu ni danda'a.

Akka seera Minnesotatti oggaa poostaa mallatteesitu, poostaa isa ittiin deebi'u ofii kee mallatteesi.

- Ofii kee mallattoo godhi, ykn
- Mallattoo kee (Milikkita) kee itti godhi, ykn
- Dhuga baatuun kee bakka ati jirtutti akka inni mallatteessu gaafadhu. (Akka dhuga baatuun kees maqaa isanii mallatteessan godhi.)
- Yoo bakka mallatteessuu mallattoo chaapaati dhimma baata ta'e, mallatoo chapaati dhimmi ba'uu ni dandeesa ykn dhuga baatuun kee chapaa mallattoo keeti akka inni bakka ati jirtutti dhimmi itti ba'u gaafadhu.

Seera Minnesota, kutaa 645.44, kutaa xiqqaa 14

Hadaraa hubadhu: Filmaati bakka bu'iinsaan (wakkiilaan) hin ta'u. Nammi bakka bu'iinsa (wakkiila) qabu akka kanaan ollitti caqasame, bakka ati jirtu qofaati mallatteessuu danda'a.

Hubachiisa iccitaa: yoo waraqaan Filannoo kee fudhatama argate, maqaa fi teessoon kee uumati argachuu ni danda'u, kunis immoo ogaa Filannoo, siyaasa fi seera eegsisuuf dhimmi itti bahamuudha. Kanaan alatti, odeeffannoon ati poostaa mallattoo irratti keennite hanga sa'a 8:00 wb warra qondaala Filannoo qofaatu Guyyaa Filannoo arguu danda'a. Sa'a kana booda, poostaa keef odeeffannoon achi irra jiru hundi lakoobsa eenyummaa kee irraa kan hafe odeeffannoo uummataa ta'a. Sababni lakkoobsi waraqaa eenyummaa kee barbaachiseef nammi dursee waraqaa Filannoo gafateen guutamee deebi'uu isaa mirkaneefachuuf. Odeeffannoo kana diduu ni dandeesa, garuu kana gochuu keen waraqaan Filannoo kee bakka filmaatii itti ta'utti utuu hin argamin filan akka hin fudhatamne fi haala bakka Filannooti utuu hin argamin filte maal irra akka jiru duuka bu'uu si dhorka.